Amantiidhaan Jiraachuu

Tajaajila Kristiyaanaa LHM - Itoophiyaa

Kutaa 4ffaa
Barumsa 4ffaa

Mi'oota ayyaana Waaqayyoo

Waaqayyo mi'oota ayyaanasa ittin nuuf kenne kan ijaan argaman kristoosifi fannoo isa fayyadamuudhaan isa nuuf godhe nu agarsiisa. Mi'oota ayyaanaa kanaan, hamma dhumaatti hafuura qulqulluufi Iyesus kristoosin amantii fayyinaa keessatti akka eegamnuuf meeshaalee kanaan waaqayyo ni hojjeta.

Qor. 2ffaa 5; 20

1. Meeshaaleen ayyaanaa maali?

Mi'oota ayyaanaa - Sagalee isaa fi dhokssaa qulqull'aadha, meeshaalee ayyaanaa kan jedhamanis hafuurri qulqulluun karaa isaani dhiifama cubbuufi jireenya bara baraa isa kan Waaqayyoo nuuf fiduudhaaf waan itti maa'i ba'uufidha. Yaadadhu ayyaanni dhiifama cubbuutiif waaqayyo biraa isa nuuf kenname kennaa guddaadha.

Sagaleensaa karaa inni ittin nutti dubbatuu fi karaa fayyinaa kan ittin mutti agarsiisuudha.

Dhokssaan qulqull'aan (cuuphaafi kennaa qulqulluun) immoo jaalala fi dhiifama Waaqayyoo karaa ittin ija keenyaan arginuudha.
... Kunis waaqayyo irra daddarbbaa namootaa ittin lakkaa'uu dhisee ... Qor. 2ffaa 5:19 H. ergamootaa 2:38

Dabalataan: - Maate. 26:28, luq. 3:3, 22:19:20, Ef. 2:16

2. Meeshaalee ayyaana Waaqayyoo karaa itti nama gargaaran.

1) Karaa Iyesus kristoos ayyaanaafi dhiifama nuuf kenna.
2) Amantii kristiyaanotaa, ni balisa, ni jabeessa ni eega.

3. Sagaleen Waaqayyoo qofaa isaa dhiifama kennuu fi amantii namaa jabeessuu ni danda'aa?

Eeyyee. Sagalichi isa cubbamaatiif meeshaa ayyaanaa isa dhugaadha. Sababiinsaa waaqayyo karaa sagaleessaa cubbamoota ta'uu keenya fi fayyisaa akka nu barbaachisu akkasumas karaa Iyesus dhiifama argachuu akka dandeenyu nu agarsisaa. Nuyis humna wangeelichaatti amanuudhaan waaqayyo biraa dhiifama cubbuu fi jireenya bara baraa glaan isa irra waan fudhanuufidha.
... Gara biyya lafaa hundumaa dhaqaa, uumama hundummaattis wangeela lallabaa.... Maar. 16:15-16

Dabalataan- Yoh. 20:31, Rooma 10:8-10

4. Dhokssaa qulqull'aan maali?

Dhokssaa qulqullaan ... Seera (Sirna) qulqull'aadha- amala armaan gadiis ni qaba.

a) Waaqayyotu dhaabe, abboomes, Luq. 22:19, Maat. 28:19
b) Sagaleen Waaqayyoo, bishaan cuuphaa, buddeena (irbaata) kennaa qulqull'aa, akkasumas wayinii fi K.K.f. kan ijaan argaman wajjiin kan walqabateedha. Yoh. 3:5 Qor. 1ffaa 11:23-25
c) Dhiifama cubbuu isa waaqayyo karaa kiristoos nuuf kenne nuuf argamsiisa.
   H/ergamootaa 2:38, Maat. 26:28
d) Waaqayyo karaa dhokssaa qulqull'aa amantii keenya nuuf cimsa.
   H/ergamootaa 8:35-39 Qor. 1ffaa 11:26
   Egaa dhokssaa qulqull'aan kan oltti tartiibaman kana guutuu qaba.

5. Dhokssaa qulqullaa meeqatu jira?

Lamatu jira, Innis cuuphaa qulqulluufi kennaa qulqullun dha. Sababiinsa amala dhokssaa qulqullaa Lakk 4 jalatti tartiibaman kan guutuu dandaan isaan kana lamaan qofaadha. Waldaan Dhoksaa qulqull'aatti hin amannes jiru, Isaan warra sagalee Waaqayyoof hin abboomamnneedha. Waldaa tokko tokkoo immoo dhoksaa qulqull'aa lamaa oltu jira jedhani amanu fakkeenyaaf Gaa'elli (fuudhaafi heerumni) dhoksaa qulqulluudha jedhani amanu. Haata'u malee gaa'ela waaqayyotu abboome yoo ta'e iyyuu dhiifama cubbuu hin argamsiisu. Kanaaf fuudhaafi heerumni dhoksaa qulqull'aa miti

6. Ayyaana karaa sagaleessaa argamuufi ayyaanaa karaa dhoksaa qulqull'aa argamu gidduu garaagarummaan jiraa?

Hin jiru - Ayyaani karaa sagaleesas ta'ee karaa dhoksaa qulqullaa argamu tokkuma, sababiinsaa ayyaanni Waaqayyoo tokko waan ta'eef.

7. Barbaachisummaan mi'oota (meeshaalee) ayyanaa maali?

Meeshaaleen ayyaana baayyee barbaachisaa akka taan sagaleen Waaqayyoo ni dubbata.

Sababiinsaa,

A. Geedaramu kan dandeenyu karaa mi'oota ayyaana waan ta'eef.

B. Meeshaalee ayyaanichaa namooni hin fudhanne fayyuu akka hindandeenye ni dubbata.

C. Amantiitti akka jabaannufi jireenya waaqayyotti tolu akka jiraannu humna nuu ta'a.

D. Mi'a ayyaanaa namooni hin fudhanne si'ool keessatti bara baraan akka dhiphatan ifatti agarsiisa.
Waa'ee fannifamuu kristos dubbachuun warra .... Qor. 1ffaa 1:18

<u>Dabalataan</u>:- Maar. 16:15-16 Luq. 7:30 H. erg. 2:38 rooma 10:17 phex. 1ffaa 1:23

8. Yeroo hammamitiif meeshaa ayyaanaa fayyadamuun nu barbaachisa?

Hafuurri qulqulluun nu keessatti hojiisaa akka ittifufu deddeebinee ittifayyadamuun nu barbaachisa. Kristiyaanni idleedhaan macaafa qulqulluu qayyabachuun barbaachisaadha, kana gochuudhaan guyyaa guyyaadhaan waa'ee cuuphaa isaa yaadata, deddebi'ees irbaata qulqulluutti dhiyaata, waldaan tokko tokko kennaa qulquulluu ni mormu, kaan immoo waggaatti a'ltokko qopheessu, garuu kan yaadachuu nu irra jirru kristoosiin kan fayyine yoo ta'ellee guyyaa guyyaadhaan cubbuu hojjenna, kanaaf utuu walirra hincitiin jaalalafi dhiifama Waaqayyoo nu barbaachisa. kana waan ta'eef meeshaa ayyaanicha yeroo hammamiitiif akka fayyadamnnu daangeffamu hin qabu. Qolaasiyas 3:16

9. Amantooni kakuu duraa meeshaa ayyaanichaa qabu turani laata?

Eeyyee - Bara sanatti abdii waa'ee fayyisichaa kennamefi ergaan dhiifama cubbuu mi'a ayyaanaa bara sanaaf kenname ture. Kana malee wangeelli kristoos akkuma waa'ee dhiifama cubbuu nuuf himu akkasuma bara kakuu moofa dhiifama cubbuutiif sirna dhaqnna qabaa fi ayyaana faasikaa raawwatamaa ture. Dabalees aarsaan amantoonni Waaqayyoof dhiyeessaa turanis ayyaanaafi dhiifama amantootaaf argamsiiseera. Rooma 4:11 -

Dabalataan:- S.umamaa 17:9-14 S. ba'uu 12:21-25 Yoh. 5:46, H.erg. 10:43 H.Erg. 15:11 Gal. 3:7-29

Xumura Kutaa 4 ffaa Barumsa 4 ffaa

Gaaffiiwwan kana afaaniin deebisuuf yaali, yoo sirakkise barumsicha keessa deebii ilaali.

Deebiicha yemmuu ati nuuf ergitu nuyis qabxii kee barumsa itti'aanu duukaa siif ergina. Gooftaan si haa'eebbisu.

Gaaffiiwwan Kutaa 4ffaa
Barumsa 4ffaa

1. Meeshaalee Ayyaanaa maali?
   A. _____
   B. _____
   C. _____
2. Waaqayyo meeshaalee ayyaanichaa maaliif fayyadama?

   _____

   _____

   _____
3. Karaa meeshaaleen ayyaana namoota fayyadan lamaan ibsi
   A. _____
   B. _____
4. Sagaleen Waaqayyoo yoo barreeffame, maxxanfame yookaan sagaledhaan yoo dubbatame namoota gara amantii fiduudhaaf humna ni qaba.
   (Dhugaa) ykn (Soba)
5. Dhoksaan hafuuraa maali?

   _____

   _____

   _____
6. Irbaata (Kennaa) qulqulluufi cuuphaa qulqulluun maaliif dhoksaa qulqullaa akka jedhaman kan ibsan qabxiiwwan afur barreessi.
   A. _____
   B. _____
   C. _____
   D. _____
7. Barbaachisummaa mi'oota ayyaanaa sadii ibsi
   A. _____
   B. _____
   C. _____

8. Meeshaaleen ayyaanaa bara kakuu moofaa maalfadha?
    A. _____
    B. _____
    C. _____
9. Amanaa yoo ta'ellee ittifufiinsaan macaafa qulqulluu dubbisuufi qayyabachuun, guyya guyyaa adhaan kennaa qulqull'aa fudhachuufi cuuphaa yaadachuun maaliif akka barbaachisu ibsi?

_____

_____

_____

_____

_____

Maqaa _____

Lakk _____

Teessoo _____

To'ataa _____